



Xiinxala Unka Tajaajila Seerlugaa Bamaqaalee Afaan Oromoo Looga Arsii Keessatti

Daaluu Aabbunii^{1*}, Tashoomaa Balaaynaa^{2*}, Filee Jaalataa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitiiti Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p>Barruun kun unka hormaataa bamaqaaleen Afaan Oromoo looga Arsii keessatti tajaajila seerlugaa adda addaa agarsiisuuf qaban xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Qorannoowwan latiilee hortee Afaan Oromoo irratti xiyyeeffatan hedduun haajiratan malee, amma qorataan sakatta'uuf yaaletti hanga yoonaa bamaqaaleen Afaan Oromoo looga Arsii keessatti tajaajila seerlugaa adda addaa agarsiisuuf unki hormaataa isaan qaban maal akka fakkatu qorannoon xiinxalee dhiheesse hinargamne. Kanaafuu, bamaqaaleen Afaan Oromoo Looga Arsii keessatti tajaajila seerlugaa agarsiisuuf unka hormaataa adda addaa akka qaban agarsiisuun guddina Afaanichaatiif gumaacha waan qabuuf mataduree kanarratti qorannoon kun gaggeeffamee jira. Kaayyoon qorannichaa daangaa looga kanaa keessatti unka hormaataa bamaqaalee xiinxalanii agarsiisuu yemmuu ta'u; kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf ragaaleen qorannoo dhihaatanii xiinxalaman kitaaba "Seera Fuudhaa-Heeruma Oromoo Arsi'ii (2000) jedhu keessaa kan funaanaman yoo ta'u; kitaabichi Afaan Oromoo looga Arsiitiin kan barreeffame waan ta'eef, mala iddatteessuu akkayyootiin filatamee jira. Kana malees, qoratichi dubbataa loogichaa waan ta'eef, akka madda ragaa qorannoo kanaatti ragaaleen ofii isaatiin dhihaatanis qorannoo kana keessatti xiinxalamani jiru. Qorannoon kun saxaxa qorannoo ibsaatiin kan dhihaate yemmuu ta'u, ragaaleen akkaataa walfakkeenya isaaniitiin mata-duree xixiqqoo jalatti qindaa'anii mala akkamtaatiin erga xiinxalamani booda jechaan ibsamani jiru. Haaluma kanaan, looga Arsii keessatti bamaqaaleen kan akka namummaa, iyyaafannoo, mit-beekamoo, ibsamaa, bakkaa, garagalchoo (reflexive) fi fuggisoo (reciprocal) seerluga adda addaa agarsiisuuf unka hormaataa akkamii akka qaban agarsiifamee jira. Fakkeenyaaf looga Arsii keessatti bamaqaalee namummaa irraa latiilee danooma, koorniyaa, gulantaa, maayii matimaafi maayii antimaa mul'isan hundee jechootaa irraa adda baasuun agarsiisuun akka hin danda'amne xiinxalamee jira. Akkasumas, loogicha keessatti bamaqaaleen akeektuu kanneen wantoota qaamaan mul'atan akeekan fakkeenyaaf (kun/sun, kana/san) fi kanneen qaamaan dubbatoota bira hin jirre akeekan fakkeenyaaf (kuun, kaan) gargar akka ta'an ragaalee xiinxalaman irraa hubatamee jira. Kana malees, bamaqaan iyyaafannoo maqaa nama dhuunfaa bakka bu'u fufii maayii antimaa fakkeenyaaf, ('eenynyun) kan fudhatu ta'uun adda bahee jira. Gara biraatiin bamaqaaleen galumsa waliin dubbii (discourse) keessatti iddoo maqaalee nama dhuunfaa bu'an 'ebalu fi 'ebalee yemmuu ta'an, bamaqaan 'ebalu jedhamu iddoo matimaatti akkuma jirutti (in absolute case) kan taa'u yoo ta'u, iddoo antimaatti garuu fufii {-n} maxxanfata. Faallaa kanaan, bamaqaan 'ebalee jedhamu fufii maayii matimaa malee fufii maayii antimaa kan hin maxxanfanne ta'uun xiinxalamee jira. Maayii abbummaa bamaqaa kanaa hudhaa (') + dubbachiiftuu dheeraa ('obboleessa + 'ebalee + -'ee → 'obboleessa 'ebale'ee). Walumaagalatti, Afaan Oromoo keessatti jechoota bamaqaalee jalatti ramadamaniifi akkaataa hormaata isaanii xiinxalanii adda baasuun guddina xiinqooqa Oromootiif faayidaa waan qabuuf, loogawwan Afaan Oromoo biroo keessattis osoo sirritti qoratamee gaarii ta'a.</p>	<p>Article History: Received: 05-02-2024 Revised: 26-09-2024 Accepted: 15-11-2024</p> <p>Jechoota Ijoo: Afaan Oromoo, bamaqaalee, latiilee, tajaajila, unkaalee hortee</p> <p>*Qorataa Muummee: Daaluu Aabbunii</p> <p>E-mail: daluabuni@gmail.com</p>

1. Seensa

Afaan Oromoo, afaan akka ardii Afrikaatti baay'ina dubbattootaatiin afaanota Arabaafi Hawusaatti aanee jiru ta'ullee, hanga jaarraa 20^{ffaa} tti sababa hacuuccaa siyaasaatiin carraa qorattoota biyya keessaatiin qoratamuu osoo hin arganne ture. Akka qorannoowwan yeroo dhiyoo mul'isanitti afaanichi loogawwan Dhihaa (Jimma, Wallaggaafi Iluu Abbaa Booraa), Jiddugaleessaa (Tuulamaa), Kaabaa (Wolloofi Raayyaa), Kibbaa (Booranaafi Gujii), Kibba Bahaa (Sikkoofi Mandoo) fi Bahaa (Harargee) jedhamuun qoodamu (Feda, 2015; Teferi, 2019, f. 5; Tilahun, 2018, f. 9). Qorannoon kun looga Kibba Baha Oromiyaatti dubbatamu, looga Sikkoofi Mandoo (looga Arsii) irratti xiyyeeffatee jira.

Afaan tokko jechoota garee maqaa akaakuu adda addaa akkuma qabu, jechoota iddoo maqaalee bu'anii tajaajiluu danda'an (bamaqaalee) ni qabaata. Bamaqaan jecha seera caasaa afaanii keessatti iddoo maqaa yookaan gaalee maqaa bu'uudhaan tajaajiluu dha (Crystal, 2008, f. 391; Dixon, 2010, f. 190; Payne, 1997, f. 43; Shopen, 2007, f. 24). Kana malees, Dixon (2012, f. 57) afaan kamiyyuu bamaqaalee of danda'oo mataa gaalee maqaa ta'uu danda'an qabaachuu ibsee jira. Kunis, bamaqaan ijaarama gaalee maqaa keessatti

akkuma maqaatti mataa ta'ee dhaabachuu danda'uu agarsiisa. Dixon (2010) akka jedhutti, yeroo baay'ee bamaqaan namummaa (personal pronoun) ramaddii, lakkoofsaafi koorniyaa agarsiistuu ni fayyadama. Qorattoota caasaa bamaqaalee Afaan Oromoo irratti ibsa kennan keessaa Gragg (1976), Hawine (2007), Owens (1985) fi Teferi (2019), Stroomer (1995), Wakweya (2014) maqaa dhahuun ni danda'ama. Isaan keessaa akaakuu bamaqaalee afaanichaatii fi unkaalee hortee irratti ibsa bal'aa warri kaahan Teferi (2019) fi Wakweya (2014)dha.

Qorannoo kana gaggeessuuf wantoota qoraticha kakaasan keessaa tokko, qorannoon caasaa bamaqaalee Afaan Oromoo looga Arsii irratti xiyyeeffatee gaggeeffame kan hin jirre waan ta'eefi. Qorannoon caasaa afaanii keessatti yaada dimshaashawaa (generalization) bu'aa qorannoo kaa'uudhaaf daangaa adda addummaa loogaa yaada keessa galchuun barbaachisaadha. Chambersiifi Trudgill (2004) fi Adamsiifi Curzan (2012) qorannoo caasaa afaanii gaggeessuu keessatti hawaasa guutumaa guututti looga walfakkaataa dubbatu irratti fuulleffachuun fudhatamummaa bu'aa qorannichaatiif bu'a-qabeessa ta'uu ibsuudhaan yaada kana deeggaranii jiru. Wanti qorannoo kana gaggeessuuf qoraticha kakaase inni biraa, Qorannoowwan yeroo dhiyoo caasaa

Afaan Oromoo irratti gaggeeffaman keessaa waa'ee bamaqaalee afaanichaa irratti ibsa bal'aa kan kennan muraasa. Isaanis, Teferi (2019) fi Wakweya (2014) yemmuu ta'an, wal duraaduubaan looga Raayyaafi looga Maccaa irratti kan gaggeessaniidha.

Qorannoowwan kanniin keessatti akaakuun bamaqaalee Afaan Oromoo haadhiyaatan malee, unkaaleen hormaata bamaqaalee afaanichaa tokko tokkoon hin qaacceffamne. Fakkeenyaaf, Teferi (2019) bamaqaalee namummaa (personal pronoun) irratti malee, bamaqaalee hafan (bamaqaalee akeektuu, iyyaafannoo, garagachoo, ofiifiifi mit-beekamaa) irratti unkaalee hormaataa lakkoofsa, koorniyaafi maayiiwwan adda addaa mul'isan hin ibsine. Kana malees, Teferi (2019, f. 105, 114) jechoota *duuda*, *danuu*, *'abi* (*other*), *kiyya*, *keenynya*, *kee*, *'isii* fi *keessan* jedhaman bamaqaalee jalatti ramadee ibsee jira. Haa ta'uu malee, jechoonni kunniin galumsa kenname keessatti tajaajila maqibsaa fi gochibsaa kennu (fkn. akkana kan *'isii*; *'isa kaan* dhawa; waan *'abi* hin beeku; *duuduma* wajjiin; *danuu* hin beektu).

Karaa biraatiin, fufii {-n} dhuma bamaqaa *'eenynyuun* jedhamu irratti argamuuf Gragg (1976, f. 179), Teferi (2019, f. 112) fi Wakweya (2014, f. 44) hiika adda addaa kennanii jiru.

Isaanis, wal duraaduubaan maayii antimaa, maayii meeshaafi xiyyeeffannoof kan tajaajilan ta'uu ibsanii jiru. Dabalataan, fufii {-umti} jedhamu Gragg (1976, f. 179) akka qaama tokkootti (fkn. *sun-umti*) xiyyeeffannoodhaaf kan dhaabbatu ta'uu yemmuu ibsu, Teferi (2019, f. 84) garuu gargar qoqqooduun (fkn. *ana-uma-t-i-nuu*) ibsee jira. Hundaa ol, hanga qorataan kun sakatta'etti qorannoon hormaata bamaqaalee Afaan Oromoo looga Arsii irratti xiyyeeffate hin jiru. Kanaaf, qorataan kun kaayyoo unkaalee hormaata bamaqaalee looga Oromoo Arsii adda baasuu kan jedhu irratti xiinxala gaggeessee jira. Hojiin qorannoo kanaa ragaalee loogicha keessatti argaman irratti hundaa'uudhaan jechoota tajaajila bamaqummaa qaban adda baasuufi unkaa hormaata isaanii ibsuu irratti kan fuulleffateedha.

Bu'aan qorannoo kanaa faayidaalee adda addaa ni qabaata jedhamee amanama. Isaan keessaa tokko, akaakuufi unkaalee hormaata bamaqaalee looga Oromoo Arsii galmeessee tursiisuun waaltina barnoota caasluga afaanichaatiif gumaachuu ni danda'a. Akkasumas, barattoota, barsiistotaafi qorattoota afaanichaatiif waa'ee unkaalee hortee bamaqaalee Afaan Oromoo looga Arsii beekumsa haaraa kennuu ni danda'a. Kana malees, qorattoota sadarkaa biyyaattis ta'ee

sadarkaa addunyaatti unkaalee hormaata bamaqaalee Afaan Oromoo afaanota biraa waliin dorgomsiisuu barbaadaniif akka ciicataatti ni gargaara jedhamee amanama. Dabalataan, bu'aan qorannichaa jechoota garee bamaqaalee jalatti ramadaman adda baasuudhaan qopheessitoota galmee jechootaafi barreessitoota seerluga Afaan Oromootiif akka galteetti tajaajiluu ni danda'a.

2. Sakatta'a Barruuwwanii

Bamaqaan jecha bakka maqaa bu'uudhaan yeroo baay'ee unkaalee hortee maqaan tokko fudhatu kanneen akka lakkoofsa, koorniyaafi maayiiwwan adda addaa fudhachuu danda'uu dha (Crystal, 2008, f. 391; Shopen, 2007, f. 24). Afaan hundinuu jecha bakka maqaa bu'uudhaan akka maqaatti tajaajilu ni qaba (Dixon (2012, f. 190). Bamaqaaleen akaakuuwwan adda addaatti qoqqoodamuu ni danda'u. Isaanis bamaqaa namummaa, bamaqaa garagalchoo (reflexive), bamaqaa fuggisoo (reciprocal), bamaqaa akeektuu, bamaqaa mit-beekamaafi bamaqaa ibsamaati (Shopen, 2007, f. 24). Crystal (2008, f. 391–392) akaakuu bamaqaalee Shopen tarreesse keessaa bamaqaa fuggisoo hambisuudhaan bamaqaa iyyaafannoo immoo dabalee jira. Akkuma yaada hayyoota armaan olii irraa hubatamu, afaanonni addunyaa kana irra jiran

jechoota bakka maqaa bu'an akaakuu adda addaa ni qabu.

Qorannoowwan caasaa Afaan Oromoo irratti xiyyeeffatan keessaa qabiyyee bamaqaalee kanneen hammatan muraasa. Qorannoowwan caasaa afaanichaa irratti hojjataman keessaa hojiiwwan Gragg (1976), Owens (1985) fi Stroomer (1995) gad fageenya haaqabaatuu dhabu malee, qorannoowwan caasluga afaanichaatiif bu'uura kaa'anii jiru. Gragg (1976, f. 178-179, 191) bamaqaalee namummaa, akeektuu, iyyaafannoo, mit-beekamaa, garagalchoofi ibsaa jechuudhaan ibsee jira. Kana malees, Wakweya (2014, f. 35-46) akaakuu bamaqaalee afaanichaa namummaa, garagalchoo, fuggisoo, akeektuu, iyyaafannoo, mit-beekamoo jechuudhaan ibsee jira. Teferi (2019, f. 113) immoo qorannoo looga Raayyaa irratti gaggeesseen, akaakuun bamaqaalee afaanichaa namummaa, akeektuu, garagalchoo, fuggisoo, iyyaafannoo, abbummaafi mit-beekamoo jechuudhaan kanneen Wakweya irratti bamaqaa abbummaa jedhamu dabalee jira. Kana jechuun, Teferi'n bifa Wakweya (2014, f. 36) fi Stroomer (1995, f. 68) irraa adda ta'een jechoota *kiyya/koo, keenna, kee, keessan, isaa, isiifi isaanii* jedhaman garee bamaqaalee jalatti hammachiisee jira. Kana malees, Owens (1985,

f. 105) jechoota kanniin bamaqaalee abbummaa (possessive pronouns) jechuudhaan ibee jira.

Looga Oromoo Maccaa keessatti bamaqaan garagalchoo (reflexive pronoun) bamaqaa *ofii* jedhamuufi maqibsiitoota abbummaa (*ofii koo, ofii keessanii,...*) kan fayyadamu yemmuu ta'u, bamaqaan xiyyeeffatamaan (intensive pronoun) immoo jecha *mataa* jedhamuufi maqibsiitoota abbummaa (*mataa kootiin*) fayyadamu (Gragg, 1976, f. 179; Wakweya, 2014, f. 40-41). Haa ta'uu malee, akaakuun latiilee kanniin bamaqaalee looga Oromoo Arsii keessatti caasaa kanarraa adda ta'e hordofa.

Qorannoowwan kanaan duraa (Gragg, 1976, f. 179; Teferi, 2019, f. 114) keessatti gareen jechootaa tajaajila bamaqummaa osoo hin qabaatin garee bamaqaa jalatti hammataman ni jiru. Fakkeenyaaf, Gragg (1976, f. 179) jechoota *biraa/kaan, kan biraafi hunda* jedhaman bamaqaalee keessatti hammachiisee jira. Kana malees, Teferi (2019, f. 114) jechoota *waan 'abi (other), danuu fi duudaa (hunda)* jedhaman bamaqaalee mit-beekamoo jalatti ibsee jira. Haa ta'uu malee, Dixon (2010, f. 74) jechoonni *biraa 'other', garii 'some', muraasa 'few', hunda 'all', tokkoffaa 'first', xumuraa 'last'* fi lakkoofsonni garee maqibsa jalatti ramadee jira. Kana malees, jechi *danuu* jedhamu galumsicha keessatti gochima faana

hiriiruudhaan tajaajila gochibaatiif dhaabbatee jira. Teferi (2019) bamaqaalee mit-beekamoo jechootatti (*waa, waan, wanna, homaa, 'abalufi baay'ee*) fayyadamuudhaan yemmuu ibsu, Wakweya (2014, f. 45) garuu, maxxantoota {-*uu*} (namuu) fi {-*lee*} ('eennulllee) jedhaman gargaaramuun addeessee jira.

Akka qorattoonni Afaan Oromoo hedduun jedhanitti, afaanicha keessatti bamaqaaleen baay'een akkuma maqaalee latiilee hortee adda adda maxxanfachuu ni danda'u. Haaluma kanaan, Gragg (1976, f. 178), Owens (1985, f. 102), Teferi (2019, f. 104) fi Wakweya (2014, f. 36) akka ibsanitti, afaanicha keessatti bamaqaaleen namummaafi akeektuuwwan hima keessatti iddoo matimaa yemmuu galan unkaa matimummaa qabaachuu isaanii ibsanii jiru. Kana malees, akka qorattoonni kunniin kaayanitti, unkaan bu'uuraa (base form) bamaqaalee namummaafi bamaqaalee akeektuu iddoo antima kallattiitti mul'ata. Kana jechuun, unkaan dhaabbataan fufiilee maayiiwwan maqaaleefi fufii xiyyeeffannoo maxxanfatu unkaa iddoo antimaa galuu dha.

Qorattoonni afaanichaa tokko tokko akka kaayanitti, afaanichi fufii maayii antimaa hin maxxanfatu. Karaa biraatiin, qorannoowwan akka agarsiisanitti, maqaaleefi bamaqaaleen dubbifamaafi dubbachiiftuu gabaabaadhaan

xumuraman tokko tokko iddoo antimaatti fufii {-n} ni maxxanfatu. Kanarratti, ammayyuu yaada walfalmisiisatu mul'ata. Innis, yaada fufiin antima mul'isu jiraachuu deeggaruu (Gragg, 1976, f. 179; Haimanot, 1984, f. 19) fi yaada fufiin haala kanaan uumamu tajaajila biraatiif (xiyyeeffannoo (Wakweya 2014, f. 28, 37) fi maayii meeshaatiif (Teferi, 2019, f. 85)) kan dhaabbatu ta'uu ibsuu dha. Fakkeenyaaf, Gragg (1976, f. 179), Teferi (2019, 112) fi Wakweya (2014, f. 44) tajaajila fufii bamaqaa 'eenynyuu jedhamu irratti argamu (-n) haala adda addaatiin ibsanii jiru. Haaluma kanaan, looguma Maccaa keessatti Gragg fufichi maayii aantimaa (accusative) ta'uu yemmuu ibsu, Wakweya'n immoo xiyyeeffannoof kan dhaabbatu ta'uu kaayee jira. Teferi'n immoo xiinxala looga Raayyaa irratti gaggeesseen fufichi maayii meeshaatiif kan oolu ta'uu ibsee jira. Haata'uu malee, xiinxala kanniin keessatti bamaqaan iyyaafannoo ('eenynyuu) kun ulaagaalee maaliin bamaqaalee biraa irraa akka adda ta'ee ibsi ragaalee afaanichaa bu'uuraffate hin kennamne.

3. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun caasaa bamaqaalee afaanichaa ibsuu irratti waan fuulleffatuuf, qorannoo ibsaa jalatti waamama. Karaa biraatiin, ragaaleen qorannichaa jechootaan kan ibsaman ta'uu

isaaniitiin saxaxa qorannoo akkamta hordofa. Ragaalee qorannichaa walitti qabuudhaaf madda ragaalee lamatu mala akkayyootiin filatamee dhimma bahamee jira. Isaanis, kitaaba mata-duree 'Seera Fuudhaa-Heeruma Oromoo Arsi'ii' (Huseen, 2000) jedhamuufi qoraticha qorannoo kanaati. Qoratichi hawaasa looga Arsii dubbatu keessatti kan dhalatee guddate waan ta'eef, madda ragaalee qorannichaa keessatti qooda fudhatee jira.

Kitaabichi qabiyyee aadaa hawaasichaa kanneen akka fuudhaafi heeruma, afoolaafi meeshaalee sirna fuudhaafi heerumaa dabaalan, aadaa soddoomaafi wooyoomaa, akkasumas sirna fixata gumaa fa'a kan hammateedha. Kana malees, akkuma barreessichi seensa kitaabichaa keessatti ibse, jechoonni aadaan hawaasichaa ittiin ibsaman guutumatti looga Arsii irratti kan xiyyeeffate waan ta'eefi. Kanaaf, kitaabichi jechoota xabboo (jechoota aslii) aadaa hawaasichaa keessatti tajaajilaman waan hammatuuf, ragaalee looga hawaasichaa bakka bu'an maddisiisuu keessatti gahee olaanaa qaba jedhamee itti amanamee jira.

Ragaaleen maddeen garagaraarraa funaanaman qubeewwan afaanichi barreeffamoota kamiiniyyuu keessatti tajaajilamuun barreeffamuun qaacceffamanii jiru. Kanaaf, sagaleeleen dubbifamtootaa (qubee dachaafi

hudhaa dabalatee) yemmuu jabaatan lama ta'anii barreeffauudhaan tajaajilamanii jiru. Kana malees, seera caasaa keessoo (deep structure) afaanichaatiin jechoonni dubbachiiftuudhaan eegalan waan hin jirreef (Teferi, 2019; Tesfaye, 2015; Tilahun, 2018), jechoonni dubbachiiftotaan eegalaman hundinuu |'| (hudhaa)dhaan dursiifamanii barreeffamanii jiru. Qorannicha keessatti amaloota irsagaa (suprasegmental) dhamsagootaan hin ibsamne adda baasuuf unkaan ol ka'iinsa dhissagaa mul'isu (˘) tajaajilamee jira. Qabiyyeen qorannichaa ibsa akaakuu bamaqaaleefi caasaa fufiilee hortee walduraa boodaan hammatee jira.

4. Qaaccessaafi Bu'aa Qorannichaa

Gragg (1976, f. 179) jechoonni *biraa/kaan, kan biraafi hunda* jedhaman, akkasumas Teferi (2019, f. 114) jechoonni *waan 'abi (other), danuufi duudaa (hunda)* jedhaman bamaqaalee mit-beekamoo jalatti kan hammataman ta'uu ibsanii jiru. Haata'u malee, jechoonni *danuu, 'abi, kaan, biraafi hunda* jedhaman tajaajila maqibsa kennu. Kana malees, jechi *danuu* jedhamu galumsicha keessatti gochima faana hiriiruudhaan tajaajila gochibsaatiif dhaabbatee jira. Dixon (2010, f. 74) yaada kana ilaalchisee jechoonni *biraa, garii, muraasa, hunda, tokkoffaa, xumuraafi* lakkoofsonni garee

maqibsa jalatti kan ramadaman ta'uu ibsee jira.

Afaan Oromoo keessatti bamaqaaleen hundi akka maqaalee fufiilee hortee unkaadhaan kan maxxanfatan ta'uu baataniyyuu, unkaalee adda addaa lakkoofsa, ramaddiifi maayii agarsiisan ni fudhatu. Kana jechuun, latiileen bifa maxxantuufi bifa jecha of danda'eetiin dhaabbatanis ni jiru. Akkuma qorattoonni afaanichaa tokko tokko (Gragg, 1976; Teferi, 2019; Stroomer, 1995; Wakweya, 2014) jedhan, unkaan bu'uuraa bamaqaalee irra caalaadhaan unkaa iddoo antimaatti tajaajiluudha. Kana jechuun, fufiileen maayii abbummaa, fayyadamummaa, meeshaa, xiyyeeffannoofi bakka agarsiisan bamaqaalee iddoo antimaa galan irratti maxxanu. Haa ta'uu malee, seerri kun bamaqaalee akeektuu, ibsamaafi mit-beekamaa ta'an tokko tokkoof addummaa qaba.

4.1 Bamaqaalee Namummaa

Wakweya (2014, f. 36) xiinxala looga Maccaa irratti gaggeesseen bamaqaaleen namummaa hundee jechootaafi maxxantoota qabaachuu ibsee jira. Innis, bamaqaaleen namummaa ramaddii tokkoffaa *naafi nu* jedhamaniif hundeen *n-* yoo ta'u, ramaddii sadaffaa *isa, iseefi isaan* kan jedhamaniif hundeen jechaa *is-* ta'uu ibsuudhaan jijjiiramoonni unkaalee irratti

dabalataan dhufan danoomaafi maayii adda addaatiif kanneen dhaabbatan ta'uu ibsee jira. Haa ta'uu malee, kun, yaada hundeen jechaa hiika yaadrimee jechichaa qaba (Crystal 2008 f. 419; Fromkin, Rodman & Hyams, 2011, f. 86) jedhu ni faallessa. Kana malees, Dixon (2012, f. 58) afaanota baay'ee keessatti bamaqaalee namummaa irraa fufiilee ramaddiifi lakkoofsa adda baasuun hin danda'amu jedha.

Looga Oromoo Arsii keessatti bamaqaan namummaa latiilee lakkoofsa, ramaddii, koorniyaa, maayii matimaafi maayii antimaa jecha of danda'aa fayyadamuun agarsiisa. Karaa biraatiin, akkuma gabatee armaan gadii keessatti dhiyaate, looga Oromoo Arsii keessatti bamaqaalee namummaa keessatti hundee jechaafi latiilee lakkoofsa, ramaddii, koorniyaa, maayii matimaafi maayii antimaa mul'isan adda baasuun hin danda'amu. Fakkeenyaaf, unkaalee matimaafi antima mul'isan 'atii fi si'i jedhaman hundee jechaafi maxxantuu gargar baasuun hin danda'amu. Sababiin isaa jecha tokko irraa hundeen yemmuu bahu, unkaaleen akka maxxantuutti irraa citan hiika dhaabbataniif qabaachuu qabu (Fromkin, Rodman, Hyams, 2011, f. 86; Crystal, 2008, f. 419).

Wakweya (2014, f. 36) matimni 'inni jedhamu hundee is- jedhamuufi fufii matimaa {-n},

akkasumas saagduu {-i} irraa ijaaramuu kaayee jira. Haata'u malee, adeemsa seera dhamsagoota afaanichaatiin hundeen jechaa |s|'dhaan xumuramu yemmuu {-n} maxxanfatu, amala firoommii osoo hin taane, amala walbaqannaa agarsiisa (Gragg, 1976, f. 176; Stroomer, 1995, f. 24-26). Haata'u malee, akkuma loogawwan afaanichaa biroo keessatti ibsame (Owens, 1985; Stroomer, 1995; Teferi, 2019; Wakweya, 2014), looga Oromoo Arsii keessatti fufiileen maayii meeshaa, abbummaa, fayyadamummaafi bakka agarsiisan bamaqaalee namummaa iddoo antimaa dhaabbatan irratti maxxanu (Gabatee 1. armaan gadii ilaalaa). Haaluma kanaan, fufiileen maayii abbummaafi fayyadamummaa mul'isu dubbachiiftuu sagalee dheeraa (-TT) ti. Teferi, (2019, f. 104) jechi *kan* jedhamu bamaqaalee nama ramaddii tokkoffaa (*kan kee*, *kan keessan*) fi ramaddii sadaffaa danoomaa irratti maayii abbummaa kan bakka bu'u ta'uu ibsee jira ((*kan*) *isaanii*). Haata'u malee, gaaleewwan dhiyaatan kunniin gaalee maqaati. Sababiin isaa, mataan gaaleewwan kanneenii bamaqaalee harka bitaa irratti argamaniidha.

Kana malees, fufiileen maayii meeshaa, bakka ka'umsaafi bakka ga'umsaa agarsiisan wal duraa duubaan -n/-'iin, -TT fi -ttidha. Bamaqaaleen namummaa maayii bakka ka'umsaa durduubeewwan bakka agarsiisuuf

dhaabbatan (*bira, 'irra, jala, duuba, keessa, gubbaa, 'afoo...*) irratti dubbachiiftuu sagalee dheeraa qabu dabalata. Bamaqaan *'isii* jedhamu durumaanuu dubbachiiftuu sagalee dheeraatiin waan xumuramuuf, maayii meeshaa yemmuu maxxanfatu, dubbachiiftuu dhumarraa gabaabsachuudhaan dubbifamaa kokkee (hudhaa), dubbachiiftuu sagalee dheeraafi {-n} dabalata (*'isii + -n → 'isi'iin*). Owens (1985, f. 107) maayii bakka ka'umsaa maxxantuu {-a} jedhamuun agarsiisee jira. Wakweya (2014, f. 39) fi Teferi (2019, f. 104) immoo jecha *irraa* jedhamuun bakka buusanii jiru. Haata'u malee, jechi *'irraa* jedhamu unkaa bu'uuraa *'irra* jedhamu irratti fufii bakka ka'umsaa agarsiisu -*TT* (dubbachiiftuu sagalee dheeraa qabu) maxxanfatee jira. Fufiin maayii meeshaa {-n}

yemmuu bamaqaalee birsaga salphaadhaan xumuraman irratti galu, fufii qunnamsiiftuu (dubbachiiftuu sagalee dheeraa) of dursiisu. Stroomer (1995, f. 69) maqaaleefi bamaqaaleen fufii maayii meeshaa (-n) fudhachuun duratti latii qunnamsiistuu (linker) kan maxxanfatan ta'uu kaayee jira.

Karaa biraatiin, bamaqaan ramaddii sadaffaa qeenteen (*'isa*) latii maayii meeshaa of irraa qabuu (*'isaan*) fi bamaqaan ramaddii sadaffaa danoomaa ta'e (*'isāan*) ol ka'uu (stressed) fi gadi bu'uu (unstressed) dhissagaatiin gargar bahu. Bamaqaaleen maxxantuu maayii meeshaa fudhatan hundinuu birsaga jalqabaa irratti dhissaga ol ka'aa fudhatu. Gabateen armaan gadii bamaqaalee namummaa unkaalee hortee isaanii hammatee jira.

Gabatee 1. Unka Tajaajila seerlugaa Maayii Bamaqaalee Namummaa Looga Arsii Keessatti

Tajaajila Seerlugaa (Maayii)	Ramaddii 1 ^{ffaa}		Ramaddii 2 ^{ffaa}		Ramaddii 3 ^{ffaa}		
	Qeentee	Danuu	Qeentee	Danuu	Qeentee		Danuu
					Krm	Ny	
Matima	<i>'ani</i>	<i>nu/nu</i>	<i>'ati</i>	<i>'isin</i>	<i>'inni</i>	<i>'isiin</i>	<i>'isaan</i>
Aantima	<i>'ana/na</i>	<i>Nu</i>	<i>Si'i/si</i>	<i>'isin</i>	<i>'isa</i>	<i>'isii</i>	<i>'isaan</i>
Fayyadamummaa	<i>'anaa/naa</i>	<i>Nuu</i>	<i>si'ii/sii</i>	<i>'isinii</i>	<i>'isaa</i>	<i>'isii</i>	<i>'isaanii</i>
Meeshaa	<i>'anaan/naan</i>	<i>Nuun</i>	<i>si'iin/siin</i>	<i>'isiniin</i>	<i>'isaan</i>	<i>'isi'iin</i>	<i>'isaaniin</i>
Bakka Ka'umsaa	<i>'ana biraa</i>	<i>nu 'irraa</i>	<i>si jalaa</i>	<i>'isin duubaa</i>	<i>'isa gubba 'aa</i>	<i>'isii biraa</i>	<i>'isaan biraa</i>
Bakka Ga'umsaa	<i>'anatti/natti</i>	<i>Nutti</i>	<i>Sitti</i>	<i>'isinitti</i>	<i>'isatti</i>	<i>'isitti</i>	<i>'isaanitti</i>

Ibsa: Krm = Kormaa (Masculine); Ny = Naayee (Feminine)

Kana malees, unkaaleen latii xiyyeeffannoo maqaalee irratti tajaajila kennan hundinuu bamaqaalee irrattis ni tajaajilamu. Haaluma kanaan bamaqaaleen namummaa latii xiyyeeffannootiif firlatiilee adda addaa tajaajila caasimaa agarsiisan ni gargaaramu. Unkaaleen bamaqaalee iddoo matimaa irratti xiyyeeffannoo agarsiisuuf galan {-tu}, {-umti}, {-ummaan} fi {-nuu} yemmuu ta’an, iddoo aantimaatti immoo {-nuu} fi {-uma} dha. Unkaan {-nuu} iddoo matimaafi antimaas galee tajaajiluu ni danda’a. Unkaaleen {-ummaan}, {-umtii} fi {-nuu} jedhaman bamaqaalee maayii matimaa qaban (’inni, ’isiin, ’isaan)) irratti kan maxxanan yemmuu ta’an, {-uma}, {-nuu} fi {-tu} bamaqaa maayii antimaatiif dhaabbate {’isa, ’isiin, ’isaan) irratti galanii jiru (Gabatee 2. ilaalaa).

Fufiin {-nuu}’n bamaqaalee birsaga salphaadhaan xumuraman irratti sagalee dubbachiiftuu kan

dheereffatu -TT (dubbachiiftuu sagalee dheeraa qabu) yemmuu ta’u, bamaqaalee birsaga cimaadhaan xumuraman irratti immoo -’TT (hudhaa-dubbachiiftuu-dubbachiiftuu) fudhata. Fufiin kun looga Maccaa keessatti jecha mataa jedhamuuufi maqibsitoota abbummaatiin bakka buufama (Wakweya, 2014, f. 40-41).

Unkaaleen {-ummaan} yookaan {-umti} jedhaman bamaqaalee iddoo matimaa galan irratti waljijjiiruudhaan tajaajilu. Fufiin {-uma} jedhamu yemmuu jecha birsaga salphaadhaan xumuramu irratti maxxanu, dubbachiiftuun dhuma bamaqaa irratti argamu

ni haqama (’ana -uma → ’anuma). Faallaa kanaan, bamaqaan birsaga cimaadhaan xumuramu yemmuu {-uma} dabalatu, dhamsaga jalqaba fufichaa irratti argamu of jalaa haqa (u). Adda addummaan galumsa fufiilee xiyyeeffannoo kun Gabatee 2 armaan gadii keessatti bamaqaalee nama ramaddii sadaffaa fudhachuudhaan agarsiifamanii jiru.

Gabatee 2 Fufiilee latii Xiyyeeffannoo Bamaqaalee Namummaa Irratti

Bamaqaalee Sadaffaa		Ramaddii	-tu	-uma	-ummaan/ -umti	-nuu
Qeentee	Matima	’inni/isiin	---	---	’innummaan	’inninuu/ ’isiinuu
	Aantima	’isa/isii	’isatu/’isitu	’isuma/’isima	---	’isaa/ ’isi’ii
Danuu	Matima	’isaan	---	---	’isaanumti	’isaanuu
	Aantima	’isaan	’isaantu	’isaanuma	---	’isaanuu

4.2 Bamaqaalee Akeektuu

Afaan Oromoo keessatti bamaqaaleen akeektuu yemmuu mataa gaalee maqaa ta'an (yemmuu kophaa dhaabbatan) malee, maqaalee ibsuuf yemmuu galan garee maqibsaa jalatti waamamu (Teferi, 2019, f. 108). Akkuma yaada kanarraa hubatamu, akeektuuwwan yemmuu maqaalee faana hiriiran garee maqibsaa jalatti ramadamu.

Looga Oromoo Arsii keessatti bamaqaaleen akeektuu wantoota qaamaan mul'atan yookaan yaadaan jiran irratti hundaa'uudhaan bakka lamatti qoodamu. Isaanis, bamaqaalee akeektuu qaamaan mul'ataniifi qaamaan hin mul'annee dha. Bamaqaalee akeektuu qaamaan mul'atan kanneen wantoota nama dubbataa jiru biratti ijaan yookaan yaadaan mul'atan yemmuu ta'u, kanneen ijaan hin mul'anne immoo bamaqaalee wantoota kanaan dura irratti dubatamanii qalbii dubbattoota keessa jiraniidha. Bamaqaaleen akeektuu latiilee hortee kanneen akka koorniyaa, danooma, xiqqeenya qaamaa yookaan tuffiifi maayiiwwan ni agarsiisu.

Bamaqaaleen kunniin wanta (maqaa) dhiyeenya irratti argamu koorniyaa kormaafi naayee adda baasuudhaaf wal duraaduubaan unkaalee *kun/kanafi tun/tana* kan dhimma bahan yemmuu ta'u, wanta (maqaa) fageenya irratti argamu koorniyaa lamaaniifuu bamaqaa *sun* jedhamu fayyadamu. Unkaan aantimaa bamaqaa waan fagoo jiru bakka bu'u *sandha*. Fufiin danooma bamaqaalee akeektuu wantoota mul'ataniif dhaabbatanii *{-iin}* dha. Bamaqaaleen kunniin fufiilee xiyyeeffannoo bamaqaaleen namummaa fudhatan hundumaa (Gabatee 2. ilaalaa) ni maxxanfatu. Kana malees, akkuma bamaqaalee namummaa latiilee abbummaa (-tt), fayyadamummaa (-**TT**), meeshaa (-n) fi bakka agarsiisan (-**TT**) *yookaan (-tti)* bamaqaa iddoo antimaa galu irratti maxxanfatanii jiru. Fakkeenyawwan Gabatee 3 armaan gadii irratti dhiyaatan unkaalee hortee bamaalee akeektuu mul'isu.

Gabatee 3. Bamaqaalee Akeektuu Wantoota Qaamaan Mul'ata

Maayii Bamaqaa	Dhiyoo				Fagoo			
	Qeentee		Danoomaa		Qeentee		Danoomaa	
	Krm	Ny	Krm	Ny	Krm	Ny	Krm	Ny
Matima	<i>Kun</i>	<i>Tun</i>	<i>Kunniin</i>	<i>Tunniin</i>	<i>Sun</i>	<i>Sun</i>	<i>sunniin</i>	<i>sunniin</i>
Antima	<i>Kana</i>	<i>Tana</i>	<i>Kanniin</i>	<i>Tannin</i>	<i>San</i>	<i>San</i>	<i>sanniin</i>	<i>sanniin</i>
Fayyadamum maa	<i>kanaa</i>	<i>Tanaa</i>	<i>Kanniinii</i>	<i>Tanniinii</i>	<i>Sanii</i>	<i>Sanii</i>	<i>sanniinii</i>	<i>sanniinii</i>
Meeshaa	<i>kanaan</i>	<i>Tanaan</i>	<i>Kanniiniin</i>	<i>Tanniiniin</i>	<i>Saniin</i>	<i>Saniin</i>	<i>sanniiniin</i>	<i>sanniiniin</i>
BkKa	<i>kanaa</i>	<i>Tanaa</i>	<i>Kanniinii</i>	<i>Tanniinii</i>	<i>Sanii</i>	<i>sanii</i>	<i>sanniinii</i>	<i>sanniinii</i>
BkGa	<i>kanatti</i>	<i>Tanatti</i>	<i>Kanniintti</i>	<i>Tanniinitti</i>	<i>Sanitti</i>	<i>Sanitti</i>	<i>sanniinitti</i>	<i>sanniinitti</i>

Ibsa: Krm = Kormaa, Ny = Naayee, BkKa= Bakka Ka'umsaa, BkGa= Bakka Ga'umsaa

Gama biraatiin immoo loogicha keessatti bamaqaaleen akeektuu maqaalee qaamaan yookaan yaadaan waliin-dubbattoota bira hin jirre bakka bu'an koorniyaa kormaa *kuun/kaan* yemmuu ta'an, koorniyaa naayeedhaaf *tuun/taan* dha. Isaanis, maqaalee dhala namaafi nammaleeyyii kanaan dura namoonni qalbi keessaa qaban akeekuuf tajaajilu. Unkaan iddoo matimaa *kuun/tuun* yoo ta'u, iddoo aantimaatiif immoo unkaa *kaan/taan* jedhamutu tajaajilama. Bamaqaaleen kunniin fufii danoomaa {-wan} maxxanfatu. Akkuma bamaqaalee biroo, bamaqaaleen kunniin fufiilee maayii abbummaa, fayyadamummaa, meeshaafi bakkaa fudhachuudhaaf bamaqaa maayii aantimaa akka unkaalee bu'uuraatti dhimma bahu. Fakkeenyaaf, bamaqaan akeektuu maayii

meeshaafi danooma agarsiisu *kaawwaniin* jedhamu yemmuu latiilee adda addaatti addaan qoodamee taa'u: *kaan –wan-ii-n* ta'a.

Latiin maayii bakka ka'umsaa sagalee dubbachiiftuu dheeraadhaan (-TT) agarsiifama. Haaluma kanaan, bamaqaaleen dubbachiiftuu sagalee gabaabaa dhuma irraa qaban kan dheereffatan yemmuu ta'u, kanneen dhuma irraa dubbifamaa qofa qaban immoo dubbachiiftuu /ii/ fayyadamu jechuudha. Bamaqichi durduubeewwan bakka (kallattii) agarsiisan karaa boodaatiin yoo dabalate, fuficha durduubeewwan sanniin irratti maxxanfata. Unkaan maayii bakka ga'umsaa agarsiisu {-tti} dha. Teferi (2019, f. 114) bamaqaa *kaan* jedhamu bamaqaalee mit-beekamoo (indefinite pronouns) jalatti ramaduudhaan ibsee jira.

4.3 Bamaqaalee Iyyaaffannoo

Bamaqaan iyyaafannoo maqaa namaafi wantoota nammaleeyyii bakka bu'uu ni danda'a. Looga Oromoo Arsii keessatti bamaqaaleen iyyaafannoo tajaajila gosa maqaalee bakka bu'anii irratti hundaa'uudhaan bamaqaa maqaa nama dhuunfaa, bamaqaa bakkaa, bamaqaa wantaa, bamaqaa filannoofi bamaqaa yerooti. Bamaqaaleen kunniin latiilee maayii adda addaa agarsiisan nimaxxanfatu. Bamaqaaleen iyyaafannoo 'eennu, maaliifi kam jedhaman latiilee maayii aantimaa, abbummaa, fayyadamummaa, meeshaa, bakka ka'umsaa, bakka ga'umsaafi bakka raawwii agarsiisan maxxanfatanii jiru.

Bamaqaalee 'eennu, 'eessaafi kam jedhaman irratti latiileen maayii abbummaafi fayyadamummaa sagalee dubbachiiftuu dheereffachuudhaan agarsiifamanii jiru. Latiin maayii meeshaa agarsiisu {-n} yemmuu ta'u, bamaqaan dubbifamaadhaan xumuramufi dubbachiiftuu sagalee gabaabaadhaan xumuramu irratti laticha dursee wal duraa duubaan qunnamsiiftuu {-ii} fi sagalee dheeraa dubbachiiftuu dhumaa dabalatu. Bamaqaaleen iyyaafannoo 'eennu, 'eessaafi kam jedhaman dhimma sammuu waliin dubbattootaa keessa jiru irratti hundaa'uudhaan haala galumsa waliin dubbii keessatti latii -tu maxxanfatanii

akka matimaatti dhaabbachuu nidanda'u. Yemmuu kana unki maxxane latii xiyyeeffannoo yoo ta'u, matimul'istuun bifa dhokataa ta'een (Ø) hammatamee jira.

Akkuma gabatee 3 armaan olii keessatti mul'atu, bamaqaan iyyaafannoo yeroowwan adda addaa bakka bu'u hima keessatti akka matimaafi aantimaatti galee tajaajiluu waan hin dandeenyeef, yookaan immoo amala miiltoo gochimaa ta'uu qofa waan qabuuf latiilee maayii agarsiisan hin maxxanfatu. Jechi yoom jedhamu bamaqaa iyyaafannooti. Hornby (2010, f. 1755) jecha yoom 'when' jedhamu garee bamaqaalee jalatti ramadee kaaye. Jechi yoom jedhamu jechoota yeroofi kam jedhaman irraa walitti suphamee ijaarame. Haata'u malee, jechi 'akkam (Teferi, 2019, f. 112-113) jechoonni yoomiifi akkam jedhaman fufii {-m} jedhamu kan maxxanfate ta'uu kaayee jira. Jechi yoom jedhamu kun, caasaa himaa keessatti yeroo baay'ee miiltoo gochimaa waan ta'uuf, maayiiwwan jechoonni garee maqaa kuuwwan fudhatan hin fayyadamu. Kanaaf, bamaqaan kun maayii yeroo raawwii {-tti} fi maayii yeroo ka'umsaa raawwii {'irra + -aa} fayyadama.

Bamaqaaleen iyyaafannoo kunniin hundinuu latii hortee danooma agarsiisu {-fa'a} kan jedhamu maxxanfatu. Bamaqaalee iyyaafannoo

gabaticha keessatti dhiyaatan keessaa bamaqaan *kam* jedhamu maqaalee koorniyaa dhiiraafi koorniya-maleeyyiidhaaf tajaajilama. Bamaqaan waan tokko adda baafachuudhaaf tajaajilamu kun maqaalee koorniyaa naayee ta'aniifi tuffii yookaan xiqqeenya qaamaa agarsiisaniif *tam* kan jedhu gargaarama. Haata'u malee, bamaqaaleen iyyaafannoo haala caasaa himaa afaanichaatiin iddoo matimaa galuu waan hin dandeenyeef, unkaa matima agarsiisu hin fudhatan.

Akkuma kutaa sakatta'a barruuwwanii keessatti ibsame, waa'ee fufii maayii aantimaa irratti yaadota wal mormaa ta'antu jiru. Haa ta'u malee, bamaqaaleen maqaa nama dhuunfaa bakka bu'an, kanneen dubbifamaadhaan yookaan birsaga salphaadhaan xumuraman fufii maayii aantimaa {-n} maxxanfatu. Owens (1985, f. 101) maqaaleen nama dhuunfaa amala kana qaban (Kadija, Hasan) haala adda ta'een matimul'istuu kan hin maxxanfanne ta'uu ibsee jira (*Kadija ni dhufte*). Gabateen 4 armaan gadii bamaqaalee iyyaafannoofi latiilee hortee isaan fudhachuu danda'an hammatee jira.

Gabatee 4. Latiilee Maayii Bamaqaalee Iyyaafannoo Irrattii

Latii Maayii Maqaalee	Bamaqaalee Iyyaaffannoo			
	'eennu	Maal	'eessa	kam/tam
Matimaa	---	---	---	---
Antimaa	-n	∅	---	-n
Abbummaa	-uu	-ii	-aa	-ii
Fayyadamummaa	-uu	-ii	---	-ii
Meeshaa	-n	-n	---	-n
Bakka Ka'umsaa	-(')TT	-(')TT	-(')TT	-(')TT
Bakka Ga'umsaa	-tti	-tti	-tti	-tti
Bakka Raawwii	-tti	-tti	-tti	-tti

Ibsa: -TT (-VV) = dubbachiiftuu-dubbachiiftuu (Sagalee dubbachiiftuu dheeraa)

4.4 Bamaqaalee Mit-beekamoo

Bamaqaalee mit-beekamoon bamaqaalee maqaaleen isaan bakka bu'an adda hin

baaneedha. Isaanis, bamaqaalee maqaa nama dhuunfaa, wantootaafi bakkaati. Looga Oromoo Arsii keessatti jechi 'ebalu (Krm)

yookaan 'ebalee (Ny) jedhamu bamaqaa maqaa nama dhuunfaa bakka bu'uyemmuu ta'u, jechoonni *waa, wannaa (wonnoo)* fi *homa* jedhaman yeroo baay'ee maqaalee nammaleeyyii bakka bu'uun tajaajilu. Loogicha keessatti bamaqaan *homa* (everything) jedhamu fufii {-llee} fi {-uu} jedhamuun bakka buufamuu ni danda'ama (*namuu, 'eessallee*). Owens (1985, f. 192) bamaqaa *homa* jedhamu maxxantuu {-ayyuu} (*namayyuu gaafadhdhe "I asked everyone"*) jedhamuun yemmuu bakka buusu, Wakweya (2014, f. 45). immoo maxxantoota {-uu} (namuu (nobody)) fi {-llee} ('eessallee (wherever)) jedhamaniin bakka buusee jira. Bamaqaan nama dhuunfaa ('ebalu/'ebalee) ramaddii nama sadaffaa qofaaf dhimma bahama. Kana malees, loogicha keessatti bamaqaan 'ugur jedhamu iddoo (biyya) maqaa hin dhahamin bakka bu'uuf tajaajila. Akkuma Gabatee 4. armaan gadii keessatti dhiyaate, bamaqaaleen *wannaa, wonnoo, waafi homaa* jedhaman latiilee maayiiwwan abbummaa, fayyadamummaa, meeshaafi bakka agarsiisan ni maxxanfatu. Bamaqaalee kanniin keessaa *wonnoo* (wannaa) kan jedhamu fufii maayii matimaa {-n} yoo maxxanfatan, *homa, waafi homaa* kanneen jedhaman iddoo matimaa galuu hin danda'an. Asirratti, bamaqaaleen *wanna (wantaa)* fi *waan* jedhaman bamaqaalee *wannaa (wonnoo)*

jedhaman irraa kan adda ta'aniin, ibsitoota (relative clause) kan barbaadan waan ta'aniifi (Gabatee 7. ilaalaa). Bamaqaan *wonnoo* jedhamu fufiilee danoomaa {-oolee} fi addiraa beekamummaa {-ichcha} jedhamu ni maxxanfata.

Loogicha keessatti bamaqaaleen maqaa nama dhuunfaa bakka bu'an akkuma bamaqaa iyyaafannoo 'eennu jedhamu (Gabatee 4. ilaalaa) maqaa nama dhuunfaatiif dhaabbatuu, haala adda ta'een fufii maayii aantimaa ni maxxanfatu. Haaluma kanaan, bamaqaan birsaga salphaadhaan xumuramu ('ebalu) fufii qunnamsiistuu {-uu} dursiisuudhaan fufii maayii antimaa {-n} dabalatee jira. Karaa biraatiin, bamaqaan kun iddoo matimaatti latii dhokataa fayyadama. *Ugur* jechuun bakka wohii (bakka maqaan adda hin bane) jechuu dha. Bamaqaan 'ugur jedhamu iddoo (biyya) maqaan hin dhahamin bakka bu'ee tajaajila (fkn. Gurbichi *ugur* imale). Kana malees, bamaqaan *homa* (whatever/any) jedhamu loogicha keessatti birsgaga dhuma yoo dheereffate (*homa*), hiika waan tokkoyyuu (*nothing*) jedhamu qabaata. Innis, hima hi'eentaa keessatti qofa iddoo aantimaa galee tajaajila. Gragg (1976, f. 179) bamaqaa kana (*homa*) jecha *homa* (none) jedhamuun yoo bakka buusu, Owens (1985, f. 192) iddoo bamaqaa *homa* jedhamu maxxantuu {-ayyuu}

(namayyuu gaafadhdhe “I asked everyone”) latiilee maayii maqaalee isaan faana galan jedhamuun bakka buusee jira. Gabateen 5 agarsiisa. armaan gadii bamaqaalee mit-beekamoofi

Gabatee 5 Bamaqaalee Mit-beekamoofi Maayiiwwan Isaanii

Maayiiwwan Maqaalee	Bamaqaa Maqaa Nama Dhuunfaa		Bamaqaa Bakkaa	Bamaqaa Wantootaa
	Kormaa	Naayee		
Matima	'ebalu-Ø	'ebalee-n	----	wannaa(wonnoo) –n
Aantima	'ebalu-uu-n	'ebalee-Ø	'ugur	wonnoo -Ø/waa –Ø, homa-Ø, homaa-Ø
Abbummaa	'ebalu-uu	'ebalee-'ee ('ebale'ee)	---	wanna'aa
Fayyadamummaa	'ebalu-uu	'ebalee-'ee ('ebale'ee)	---	waa –ii(f), wanna-'aa, homaa
Meeshaa	'ebalu-uu-n	'ebalee-'een ('ebale'een)	'ugur-ii-n	waa -ii-n, homa-aa-n
Bakka Ka'umsaa	'ebalu+'irra-aa	'ebalee + bira-aa	'ugur-ii	waa/homa + jala-aa
Bakka Ga'umsaa	'ebalu-tti	'ebalee –tti ('ebaletti)	---	waa –tti, homa –tti

Ibsa: Bm = Bamaqaa, Krm = Kormaa, Ny = Naayee,

4.5 Bamaqaalee Garagalchoofi Fuggisoo

Bamaqaan garagalchoo (reflexive pronoun) matimni hima tokkoo garagalee iddoo antimaatti yemmuu bakka buufamuu dha. Bamaqaan garagalchoo gaalee maqaa caasaa himaa keessatti deebi'ee matima bakka bu'uu dha (Shopen, 2007, 177). Bamaqaan fuggisoo qaamonni lamaafi lamaa ol ta'an raawwii gita tokko qabu walii isaanii jiddutti raawwachuu kan agarsiisuu dha.

Looga Oromoo Arsii keessatti unkaaleen bu'uura bamaqaalee garagalchoofi fuggisoo wal duraa duubaan 'ufiifi wal dha. Bamaqaaleen fuggisooofi garagalchoo yemmuu himni tokko gochima cehaa garaaramu kan mul'atan yemmuu ta'u, iddoo aantimaa qofatti galuu danda'an. Bamaqaaleen kunniin akkuma Gabatee 5 keessatti kaayame, unkaalee bu'uura isaanii ('uf, wal) irratti latiilee maayii abbummaa fi fayyadamummaa (-ii), maayii meeshaa (-n) fi maayiiwwan bakkaa (-ttifi –TT)

jedhaman maxxanfatanii jiru. Bamaqaan fuggisoo caasaa himaa keessatti iddoo matimaa irraa kan hafe bakka hundaa galee ni tajaajila. Fakkeenyaaf, bamaqichi yemmuu maayii meeshaa maxxanfatu, jalqaba qunnamsiiftuu {-ii} erga dursiiseen booda fuficha (-n) maxxanfata (4.1 ilaalaa) jechuudha. Hima Isaan waliin bara bayan jedhamu keessatti namoonni lamaanuu walitti fayyadamanii yookaan walitti irkatanii bara rakkoo sana keessa darban hiika jedhamu qaba. Wakweya (2014, f. 46) hima Marartuu-fi Immiruu-n walii-n jiraat-u jedhamu keessatti fufiin bamaqaa fuggisoo irratti maxxane (-n), jecha wajjiin jedhamu irraa

kan gabaabsameefi maayii bakkaa kan agarsiisu ta'uu kaayee jira. Haata'uu malee, bamaqichi akkuma bamaqaalee biroo fufii maayii meeshaa (-n) maxxanfatee jira. Teferi (2019, f. 108) bamaqaa fuggisoo yemmuu inni unkaa bu'uuraatiin dhaabbatu, gochimootatti hidhuudhaan (wal-barbaad-Ø-u) barreesse. Haata'u malee, waliifi 'uf bamaqaalee walabaa ti. Sababiin isaa lamaanuu unkaalee bu'uuraa fufiilee adda addaa irratti maxxanfatan ni qabu. Gabateen 6 armaan gadii bamaqaalee garagalchoofi latiilee hortee maayii maqaaleetiif oolan hammatee jira.

Gabatee 6. Bamaqaalee Garagalchoofi Bamaqaalee Fuggisoo

Maayiiwwan	'uf	Fakkeenya	Wal	Fakkeenya
Matima	---			---
Antima	Ø	Inni uf arge.	Ø	Aniifi Gammado wal argine.
Abbummaa	-ii	Inni qooda ufii fudhate.	-ii	Jarri qalbii walii hin cabsan.
Fayyadamummaa	-iif	Inni ufiif dubbate.	-ii(f)	Isaan ameessa walii dabarsan.
Meeshaa	-n	Inni ufiin na hin waamu.	-n	Isaan lachuu waliin bara bayan.
Bakka Ka'umsaa	irra-aa	ufirraa na darbe	irra-aa	Isaan baallii walirraa fuudhan.
Bakka Ga'umsaa	-tti	ufitti waame	-tti	Nuti jaarsota walitti waamne.

4.6 Bamaqaa Bakkaa

Bamaqaan bakkaa akkuma moggaasa isaa maqaa biyyaa yookaan maqaa iddoo bakka

bu'a. Looga Oromoo Arsii keessatti bamaqaalee bakkaa kan jedhaman 'asiifi 'achchi yemmuu ta'u, bamaqaa bakkaa 'ugur

jedhamu irraa wanti adda taasisu, iddoo beekamu (mul'atu) tokko kan akeekan ta'uu isaaniiti. Bamaqaalee kanniin keessaa 'as kan jedhamu iddoo dhiyoo ta'e kan bakka bu'u yemmuu ta'u, 'achchi kan jedhamu immoo iddoo fagoo ta'e bakka bu'a. Dixon (2010, f. 228) "In English there is an obvious referential connection between this and here and between that and there. This can lead to a temptation to define the adverbial demonstratives in terms of the nominal ones, or vice versa" jedha. Akkuma yaada kana irraa hubatamu, bamaqaan kun iddoo wohii akeekuu isaatiin amala bamaqaalee akeektuu kanaafi san jedhamanii ni qooddata.

Loogicha keessatti bamaqaaleen bakkaa iddoo matimaa galanii hin tajaajilan. Bamaqaaleen kunniin latiilee maayiiwwan meeshaa, abbummaa, fayyadamummaafi bakka agarsiisan akkuma bamaqaalee akeektuu ni maxxanfatu. Fakkeenyaaf, himoota gabatee armaan gadii keessatti 'Kana as kaa'i' fi 'Kana achchi geessi' jedhaman keessatti 'asiifi 'achchi kan jedhaman maqaa iddoo adda baafame tokkoo bakka bu'anii tajaajlanii jiru. Bamaqaaleen kunniin maayiiwwan abbummaa, meeshaafi bakkaa agarsiisuuf akkuma bamaqaalee kaawwanii maxxantoota fudhatanii jiru. Gabatee 7 armaan gadii bamaqaalee bakkaa unkaalee hortee waliin dhiyeessee jira.

Gabatee 7. bamaqaalee bakkaa fi unkaalee hortee isaanii

Maayii Bamaqaa	Iddoo Dhiyoo	Fakkeenya	Iddoo Fagoo	Fakkeenya
Matima	---	---	---	---
Aantima	'as	Ati as laali	'achchi	Ati achi laali.
Fayyadamummaa	---	---	---	---
Abbummaa	'asii	aadaa asii	'achchii	aadaa achii
Meeshaa	'asiin	Nu'u asiin karaa gabaabsanna.	'achchiin	Isaan achiiin nu afoo bahan.
Bakka Ka'umsaa	'as-ii	Ani asii ba'ee si hin hamadhu.	'achchii	Isaan achii nu waaman.
Bakka Ga'umsaa	'as	Kana as kaa'i.	'achchi	Kana achi geessi.

4.7 Bamaqaa Ibsamaa

Bamaqaan ibsamaan (relative pronoun) bamaqaa yeroo maraa ibsituu of duubaan fudhatuu dha. Payne (1997, f. 325) Keenan (1985) wabeeffacuudhaan, “A relative clause is one that functions as a nominal modifier” jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, bamaqaa ibsamaan ciroo irkataadhaan ibsama. Gaaleen bamaqaa ibsamaadhaan ijaaramu ciroo hirkataa akka miseensaatti haahammatu malee, mataan gaalichaa maqaa (bamaqaa) dha (Payne, 1997, f. 325-326).

Looga Oromoo Arsii keessatti bamaqaan ibsamaan jechoota *waan, wanta, wannaafi ka/ta* jedhamaniin bakka buufamu. Bamaqaa ibsamaa keessatti ibsitoonni ciroo irkataa gaalee gochimaa irraa ijaaramu yookaan jechoota garee maqibsaa ta’uu danda’u. Bamqaalee kanniin keessaa *ka* yookaan *ta* maqaalee dhala namaafi maqaalee dhala namaa hin taaneef bakka bu’uu ni danda’u. *Ka’n* maqaalee koorniyaa kormaafi koorniyaa-maleeyyiif kan dhaabbatu yoo ta’u, *ta’n* immoo koorniyaa naayee, tuffiifi xiqqeenya agarsiisuuf tajaajilu. Bamaqaan *ka/ta* jedhamu maayii matimaa unkaadhaan hin maxxanfatu. Kana

malee, bamaqaan kun akka bamaqaalee *waan, wanta, wannaafi warra* jedhamanii maqibsitoota qofaa isaanii akka ibsituutti miilteffachuu hin danda’u (fkn. **ka diimaa, *ka guddaa, waan diimaa, wanta guddaa*) (Gabatee 8 ilaalaa). Bamaqaan *warra* jedhamu maayii matimaa *{-i}* fayyadamee jira. Haa ta’uu malee, maqaaleefi bamaqaalee adda addaa miilteffachuudhaan mataa gaalee maqaa ta’uu ni danda’u. Fakkeenyaaf, mammaaksa “Sareen *ta ufii* hin argituu, re’een eegee gad qabadhu jetti” jedhamu keessatti *ta’n* *’eegee* bakka bu’ee jira.

Kanaaf, bamaqaaleen *waan, wanta, wannaafi warra* jedhaman ciroo ibsaa, ciroo ibsaatiifi akeektuu, akkasumas jecha maqibsaa qofa miilteffachuu ni danda’u. Gabaabumatti, bamaqaan ibsaa kun ciroo maqaa ibsuun waan hordofamuuf, latiilee hortee maayii adda addaa qaban bifuma bamaqaalee birootiin dhuma ciroowwanii irratti dabalata (Gabatee 8 ilaalaa). Gragg (1976, f. 191) looga Maccaa keessatti jechootni *kan, waan, warraafi jara* jedhaman bamaqaa ibsamaa bakka bu’uu kan danda’an ta’uu ibsee jira.

Gabatee 8. Unka Hormaataa Bamaqaa Ibsamaa

Maayii Maqaalee	Caasaa Ibsamaa	Bamaqaa	Fakkeenya
Matima	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI)+ -i(Ø)</i>		<i>Ka intala fuudheefi ta intala itti heerumsiifte waliif woyyu'u. Jaarsonni, warri nama araarsu hin dhufne.</i>
Antima	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI)+ Ø</i>		<i>Ati ka/wanta/ wanna/ waan argatte qusadhu! Ati warra beekkumsa qabu waami.</i>
Abbummaa	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI)+ -TT</i>		<i>Ati fuula ka si jibbuu maa laalta?</i> <i>Jireenni warra walii galee milkii qaba.</i>
Fayyadamu mmaa	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI)+ -TT</i>		<i>Inni lafa ka isatti soddoomee kenna. Inni horii warra intala fuudhuu kenne.</i>
Meeshaa	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI)+ -n</i>		<i>Ani waan ati naa kenniteen uffata bitadhe.</i> <i>Inni wanta gudda'aan na darbate. Namichi warra loon qabuun dhaadata.</i>
Bakka Ka'umsaa	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI) + irra-aa ('irraa)</i>		<i>Inni qarshii ka ati waamte irraa fudhate.</i> <i>Boruun warra mucattii fuudhu irraa gabbara fudhate.</i>
My Bakka Ga'umsaa	<i>BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI)+ -tti</i> <i>gara BmIbsm + Ciroo Ibsaa (MI) + -TT</i>		<i>Inni qarshii ka ati waamtetti kenne.</i> <i>Inni qarshii gara ka ati waamtee hiixate.</i> <i>Inni qarshii warra ati waamtetti kenne. Inni qarshii gara warra ati waamtee hiixate.</i>

Ibsa: Ibsm = Ibsamaa, Krn = Koorniyaa, -TT (-VV) = dubbachiiftuu-dubbachiiftuu,

5 Goolaba

Looga Oromoo Arsii keessa bamaqaaleen akkaataa tajaajila walitti dhiyeenyaa qabaniin bamaqaalee namummaa, bamaqaalee akeektuu, bamaqaalee iyyaafannoo, bamaqaalee mit-beekamoo, bamaqaa walii, bamaqaa ufiifii, bamaqaalee bakkaafi bamaqaalee ibsaa jedhamu.

Bamaqaalee namummaa irratti unkaalee hortee kanneen akka danoomaa, ramaddii, maayii matimaafi maayii aantimaa adda baasuun hindanda'amu. Bamaqaalee namummaa keessatti maayiiwwan kunniin bifa jechaatiin agarsiifamu. Fakkeenyaaf, danoomaaf 'ati/isiin, ramaddiif *ati/si'i*, matimaaf *ani/ati/inni* kanneen jedhamanii wal duukaa jiran keessatti

hundee murteessuun hin danda'amu. Kana malees, bamaqaaleen akeektuu (kun/sun, kana/san, bamaqaaleen mit-beekamoo ('*ebalu'*/*ebalee*) fi bamaqaaleen iyyaafannoo (*kam/tam*) agarsiistuu latii koorniyaa {k-/t-} fi {-u/-ee} fudhachuudhaan adda baasu. Bamaqaaleen kunniin latiilee danoomaa, latiilee xiyyeeffannoofi latiilee maayiiwwan abbummaa, fayyadamummaa, bakkaa ni maxxanfatu. Bamaqaaleen ibsamaa (*ka, ta, warra*) ciroo irkataadhaan waan hordofamuuf, latiileen xiyyeeffannoofi maayii adda addaa mul'isan dhuma gaalee gochimichaa irra galu (*ka intala fuudhutu...*). Kana malees, bamaqaaleen iyyaafannoo ('*eennu, maal, 'eessa, kam/tam*) maayii matimaafi koorniyaa irraa kan hafe maayiiwwan maqaalee kanneen hafan hundumaa nifudhatu. Bamaqaan *kamiifi tam* jedhaman garuu, koorniyaa kormaafi naayee, akkasumas xiqqeenyaafi guddina qaama wanta tokkoo agarsiisuuf gargar bahanii jiru.

Wabiilee

- Chambers J. K. & Trudgill P. (2004) *Dialectology* (2nd Ed) Uk. Cambridge University Press.
- Crystal, D. (2008). *A dictionary of linguistics and phonetics* (6th ed.). UK: Blackwell.

Feda Negessa. (2015). Classification of Oromo dialects: A computational approach. *International Journal of Computational Linguistics (IJCL)*. 6(1), (1-10).

Haimanot Moges (1984). *The Pronouns and Pronominalization in Oromo*. Addis Ababa University. Addis Ababa, (Unpublished Senior Essay, BA).

Hawine Alemayehu. (2007). *The Structures of Nominal Clauses in Afan Oromo: A Minimalist Approach*. Addis Ababa University: Addis Ababa.

Hornby A. (2010). *Oxford Advanced Learner's Dictionary*. New York: Oxford University Press.

Kebede Hordofa. (2009). *Towards the genetic classification of the Afaan Oromoo dialects* (Unpublished PhD Dissertation), University of Oslo.

Keenan, Edward L. 1985. Relative clauses. In *Language Typology and Syntactic Description*, vol. II: Complex Constructions, ed. by Timothy Shopen, 141-70. Cambridge University Press.

Owens, J. (1985). *A grammar of Harar Oromo*. Hamburg: Buske.

Shimelis Mezengia. (2014). *Nominalization via verbal derivation Amharic, Tigrinya and*

Daaluu A. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 56-77

- Oromo (A contrastive study) (Unpublished PhD thesis), Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia.
- Shopen, T. (2007) (Edited). Language Typology and Syntactic Description. Cambridge University Press, New York.
- Stroemer, H. (1995). A Grammar of Boraana Oromo (Kenya). Cologne: Rüdiger Köppe Verlag.
- Teferi Kumsa. (2019). A Grammar of Raya Afaan Oromoo: Documentation and Description (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa University.
- Tesfaye Gudeta. (2015). “Typology of Oromo Personal Names”; In International Journal of Sciences, Vol.19 (2), (17-34).
- Wakweya Olani. (2014). Inflectional Morphology in Oromo. MA Thesis (Unpublished) Addis Ababa University, Ethiopia.